



# Good Morning Farm

## QAJEELFAMA BARSIISAA



## Haasaa Eerreegaa

### Jechoota Daa'imaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikkaa Umrii Sirrii | Sochii Harkaa |
|---|---|---|
| Hirrisuu | "Kan Fudhatamu" | Haboottifadhu ciqilee gara keetti harkisi  |
| Eda'uu | "Walitti Qabi" | Harka keetiin "+" hojjadhu  |

### Jechoota Dargaggeessaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikaa |
|---|---|
| Lakkaa'uu | Ammam akka ta'an beeku. Daa'imtii lakkaa'uuf osoo hinqophaa'iin, osoo gaaffatteenii, "wantoota meeqatu achi jiraa?" jettee, isaaniis lakkoofsa dhumaatiin siif deebiisurra wantoota lakkaa'u yeroo hunda. |

**Ofiin-Dubbachuu:** yeroo gochawwan keessan himtaniidha. Attamiin akka ofiitti-dubbachaa eda'uu fi hirrisuu shaakalamuuf fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Minjaala wayita mijjeeffamuutti, "Ani teessuma 4 qaba garuu nuti namoota 5 kan nyaachuuf jirru, kanaafuu teessuma tokko kan biraa minjaalichaaf argachuun barbaada —amma teessuma 5 tu jira!"
- Wayita kusaa shaqaxaatii bitamuutti, "Anis dinnicha 5 kaasee, garuu nuti maatii keenya keessaa namoota 4 qofaa qabna. Kanaafuu dinnicha tokko deebiisuufan jira. Amma dinnicha 4'n qaba!"

**Haasaa- Bukkoo (Waliin Adeemuu):** yeroo gochawwan daa'imaa himtaniidha. Attamiin haasaa-waliin hirrisuu fi eda'u shaakalamuuf kkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Wayita daa'mni danqaawwanii (blocks) xabataa jiruu, "wayita ati danqaawwan biraa sadii gamoo keetti dabaltuun arge. Amma gamoon kee dheerina danqaa 4 qaba!"
- Osoo nyaataa jirtan "buskutii 3 akka fudhattu sitti himnaan ati yoo biskutii 2 dabataan yoo fudhattuun arge. Tokko dabalaan fudhadhu- amma 3 qabda!"

# Ijaari

## Sarara Tarsimoowwan Barsiisuu WARQEE:

### Eerreegawwan 20b:

(Magariisa, Cuquliisa, fi Diimaadii)
- Wantoota hanga shanii walitti makiitii booda adda baasiitii, qaamasaanii ibsi.
- Tuuta wantoota 6-10 uumuun isaan booda qaamasaanii ibsi.
- Hunda ykn irratti lakkaa'uun meeqa akka ta'e adda baasi.
- Tarsiimoowwan garaa garaa fayyadamuun (wantoota lakkaa'uu ykn quba itti qabuun, irratti lakkaa'u ykn duubatti lakkaa'u) rakkina wantoota 10 oliitiin hiiki.




**Kitaaboota Dubbisuuf Gorfaman:**

Pete the Cat and His
Four Groovy Buttons
By Eric Letwin

**Yaada Sirbaa:**

Head, Shoulders,
Knees and Toes

# Taphadhuutii Walitti Dhufi

Yaadniwwan osoo xabatanuu waa'ee eda'uufi hirrisuu hojjachuu ittiin baratan muraasni kunooti!

## Daricha Keessatti:

» Yoon maqaan waamamu, barattoonni hundinu dhaabachuun eegalu. Wayita ati barattoota waamtu, akka taa'anii itti himi. Wayita maqaa waamtu hundaa, "Hanga barattoonni zeroon dhaabbataniitti barattoota meeqa kan biraa waamuun qabaadha? jedhii gaaffadhu. Attamiin beekte?"

» Hanga dhumaatti barattoonni akka hirriisaa deeman taasisi. Fakkeenyaaf, yoo daqiiqawwan 5 jidduutti hafu/filannoon bilisaa jedhiiti, "Hanga xummurruutti daqiiqaa biraa 5 qabna." Erga daqiiqaan darbee ammoo akkas jedhi, "Daqiiqaan tokko darbeera. 5-1=4. Hanga xumurruutti daqiiqaa biraa 4 qabna!"

## Daawwanaa Manaa:

» Wayita qooduu shaakkaltuu, "danqaawwan afur qabda waan ta'eef obboleettiin kee si waliin xabachu barbaadde. Akka isiinamaanu danqaawwan wal fakkaatu qabaattaniif, obboleettii keetiif eeqa kennu barbaada?"

» Wayita gara manaa deemtu akkas jedhi, "Amma mana geenyuutti daqiiqaa biraa 10 qabna... daqiiqaan lama darbe. 10-2=8. Hanga mana geenyuutti daqiiqaa biraa 8 qabna!" Wayita mana jirtuu ammo akkas jedhi, "Maamiin hanaga mana geessuutti daqiiqaa biraa 5...daqiiqaan 3 darbeera. 5-3=2. daqiiqaa biraa 2!"

» Wayita nyaattu, "Saahina keetiirraa biskutii 3 qabda. Tarii biskutii 5 qabda ta'a. Bisikutii biraa meeqa fudhachu dandeessaa?"

Waa'ee herreega barachuu
dabalatyaa kanarraa baradhaa
**www.zenomath.org/partner-resources/**

## TARREE WARQII TS

| Sadarakaa Taphaa | Maqaa/ Ibsa |
|---|---|
| Sanyii Waggoota 3 | **Eda'aa/ Hirrisaa Hindubbatamne**<br><br>Daa'imti osoo jechaan hin himiin walitti qabaawwan xiqqoo eda'u fi hirrisuu danda'u. Daa'imti rakkoo eda'uu hirrisuu salphaadhaaf fala argamsiisu danda'u. `Fakkeenyaaf, osoo qabduu 3 qabaattee 1 irraa kuttee, daa'imtii isa qabduuwwan lama hafan lafa kaa'un meeqa akka hafe himu danda'u. |
| Giddina Waggoota 4 | **Eda'aa/Hirrisaa Lakkoofsa Xiqqaa**<br><br>Rakkoolee hanga 3 + 2 jiraniif daa'imti wantoota lakkaa'uun hunda'u. Osoo akkas jettee, "Ati danqaa 1 ani ammoo 2 qaba. Waliigalatti danqaawwan meeqa qabna?" isaan boodas daa'imti danqaawwan lakkaa'u, "1, 2, 3. Danqaawwan 3 qabna!" |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Eda'aa/Hirrisaa Hanga 5 Tiif Bu'aa Barbaadi**<br><br>**Edda'uu:** Daa'imti walitti makuuf eda'ama barbaadu danda'u (ati danqaawwan lama qabduufi lama kan biraa qabda, waliigalatti danqaawwan meeqa qabda?) fi rakkoolee hunda qaama- qaama (kubbaa diimaa 3 fi magariisa 4 jira, waliigalatti kubbaa meeqatu jira?) Kunis wantootuma kallattiin lakkaa'uun.<br><br>**Hirriisuu:** Daa'imti wantoota adda baasuun rakkoolee hiiku danda'u. "Ati danqaawwan 5 qabdu keessa 2 Saaraaf kenni. Amma meeqatu siif hafe?" Daa'imtiis danqaawwan 5 lakkaa'uun erga 2 keessa baaseen booda kan hafaniif 3 lakkaa'a. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Eda'aa/Hirrisaa Hanga 10 Tiif Bu'aa Barbaadi**<br><br>**Edda'uu:** Daa'imti eda'amaa hanqate barbaadu ni danda'a (4 + _ = 7) wantoota walitti eda'uun. Yoo danqaawwan 4 kennitu akkas jedhuu gaafadhu, " 7 qabaachuuf kan biraa meeqa barbaadda?" Daa'imtiis danqaawwa 4 lakkaa'uun itti fufuun hanga danqaawwan 7 lakkaa'u. Isaan booda daa'imti danqaawwan haaraa lakkaa'uun 7 qabaachuuf kan biraa 3 akka barbaadan adda baasu.<br><br>**Hirriisuu:** Haala salphaa keessatti walitti firomsuun wal madaalchisu. Wayita barattoonni 6 jiraatanii danqaawwan 4 qofa ta'e, akkas jechuun gaafadhu, "osoo danqaa barattoota hundaaf kennine, barattoota meeqatu danqaa hinarganne?" Daa'imtis 6 keessaa lakkaa'uun isaan booda danqaawwan 4 walitti firoomsuun, barattoota danqaa hinqabaannee 2 lakkaa'u. |